COVID-19
INFO

Qoqqobbii hospitaalaa fi bakka jireenya jaarolee keessummoota dubbisuuf dhufaniif

Hospitaala ummataatti dhukubsataa dubbisuu

Kanneen namoota dubbisuuf dhufan hospitaala osoo ol hin seenin dura wanneen gaafataman guutuu qaban.

Sa'aan namoota itti dubbisan guyyaa hunda sa'aa 2wb (pm) hanga sa'aa 6 gl (pm) gidduu dha.

Yeroo tokkotti dhukubsataa tokko qofa dubbisuutu danda'ama. Kutaa hosiptaalaa yookaan hospitaala tokko irraa kaan tarii seera adda tahe qabaachuu danda'u. Haalli qofaatti siif ilaalamuu qabu yoo jiraate hospitaalicha dubbisi.

Bakka jireenya jaarolee dubbisuu

Qe'ee bakka jireenya jaarolee deemtee dubbisuu dandeessa, jiraatotnis firootaa fi maatii isaanii waliin ala bahu danda'u.

Yeroo tokkotti namootni lama jiraataa sana dubbisuu danda'u, (seera qe'ee jaarolee sana irratti hundaahees) sa'aa hanga fedhan turuu danda'u.

Guyyaatti irra deddeebi'anii dubbisuutu danda'ama. Kanneen dhufanii dubbisanis umriin isaan hin daangessu.

Kanneen dubbisuuf dhufanis lilmee qufaa (flu vaccine) kan fudhatan tahuu fi osoo ol hin seeninis wanneen gaafataman ni qaban.

Dubbisuuf hin dhaqin yoo:

Guyyoota 14 dabran keessa godinaa kan biroo yookaan biyya alaa deemtee turte tahe

Dhibee afuura baasannaa (dhibee dhukkubbii laphee) yookaan ho'a qaamaa diigirii 37.5 caale yoo qabaatte

Guyyoota 14 dabran keessa nama dhibee COVID-19 qabaachuun irratti mirkanaawe yookaan COVID-19 qabaachuutti shakkame waliin tuxuqaa qaamaa qabaatte yoo tahe.